# Gaaffilee oggayyuu gaafataman

# Oromo | Afaan Oromoo

Ful-baana (September) 2023

**OFFICIAL**

## Gaaffilee oggayyuu gaafataman

- Gaaffilee kanneen afaan keetiin dubbisuuf, as ilaali: XXXXXXXXXX
- Bilbila irraan gartuu keenyatti dubbatuu, ykn nama afaan siif hiiku yoo barbaadde, 1800 716 866 bilbili.

**Hamilatni (project) kun maali?**

Manneen ol ijaaramoo gudguddoo dulloomoon 44 bara 1960ta fi 1970ta keessa ijaaraman Melbourne keessaa bakka 21 jiran dulluma isaan baasuu fi kan birootiin bakka buusuuf tarkaanfii itti aanu fudhatuun amma yeroon keenya.

**Manneen ol gudguddoo dulloomoo (old towers) maaliif dulluma baasaa jirra?**

Viktoriyanotni hundi mana nageenya, tika qabuu fi kan gatiin isaa rakasha tahe qeé isaanii tahe argatuutu tahaaf.

Hawaasa keenya guddataa fi dagaagaa jiruuf mana baranee (modern), kan itti tolu, humna ifaa qusatu fi qeée hunaaf tahu kenninaaf.

**Kireefattootaaf gargaarsa akkamiitu kennamaaf?**

Kireeffatootaa fi hawaasa keenya tarkaanfii keenya kan gara fuulduraa hunda kessatti ni deggerra.

Gartuun keenya cichomina qaban jiraattota hundaaf baatilee fi waggoota itti aanan keessa odeeffannoo fi gargaarsa (odeeffannoo afaanii dabalee) ni kennina.

Yoo gaaffii qabaatte, kan ati godhchuu dandeessu:

| | |
|---|---|
| **Bilbili** | yeroo afaan hiiktotni jiran 1800 716 866 |
| **Email** | enquiries@homes.vic.gov.au |
| **Argamii** | Saáa fi guyyoonti hawaasni odeeffannoof dhufanii dhagahan bakka hunda manicha ulaa irra (foyer) maxxansamee jira. |
| **Hiikkaawwan** | Gaaffilee kanneen afaan keetiin as barbaadi - www.homes.vic.gov.au |

**Kun siif maal jechuu dha?**

Halkan takkatti waan jijjiiramu hin jiru. Jiraattotni keenya mana isaanii ammuma jijjiirratuu hin barbaachisu. Manneen ol gudguddoo keenya dulluma baasuun yeroo fudhata. Jiraattotni keenya qeée keenya kan ittiin jedhan deemsa kana hunda keessatti akka qabaatan taasisna.

Guyyootaa fi torbanoota itti aanan keessa gartuun keenya cichomina qaban jiraattota ulaa itti rurrukutanii odeeffannoo hawaasaaf bakka manneen ol gudguddoo keessatti ni kennan. Gartuun kun deemsa hundaa keessatti namoota dhuunfaa waliinis walitti siqeenyaan dalagan.

### Waan kireeffattootni barbaadan fi ilaalcha isaanii ni dhaggeeffattaa?

Eyyee. Hamilata (project) kana keessatti jiraattotni fi hawaasni keenya kanneen furtuu tahan dursa kenninuufii dha.

Tarkaanfiin keenya inni duraa jiraatotni keenya odeeffannoo gaarii argatuu fi gargaarsi argatuuf jiran maal akka tahe akka hubatan taasisuun tarkaanfii keenya jalqabaa taha. Gartuun manoomaa (housing team) keenya guyyoota, torbanoota fi baatilee dhufan keessa jiraattota irraa yaada funaanu.

Yaadni jiraattotaa fi hawaasa irraa funaanamu karoora tokkoo tokkoo bakkaatti bifa itti tolchuuf gargaara. Sadarkaa hamilata (project) kana hunda keessatti odeessa fi hiree jiran nama hunda quba qabsiisaa deemna.

### Manneen ol gudguddoo dulloomoon (old towers) maaliif dulluma bahuu barbaachise?

Manneen ol gudguddoo (towers) sababoota hedduuf dulluma baasuu nu barbaachisa. Manneen ol gudguddoon (towers) jireenya isaanii xumurataa waan jiraniif kanneen amma jiran kun kanaan booda keessa jiraatuuf mijjatoo miti. Waggoota as dhihoo keessa manicha (building) rakkoo qabaatuu fi caccabuun (rakkoo elektrikaa, suphaa gara garaa, liiftii) jireenya jiraattotaa irratti dhiibbaa qabaatuun caalaatti beekamaa tahaa dhufee jira.

Akki itti manichi jalqaba irraa ijaarames guddisuuf kan hin mijjannee fi sadarkaa jireenyaaf tahu irra hin jiru. Manichi (building) kan ho'isu ykn qabbaneessu hanga murtaawaa fi kan afuura qilleensaa baasisu fi ibsaa hanga murtaawaa qofa (foddaa xixiqqaa gahaatti hin banamne) kan yeroo bonaa hoá ittisuu hin dandeenyee fi kan yeroo gannaa qabbana dhorkuu hin dandeenye ho'aa fi qabbanaaf gahoo hin taane qaba. Namoota dhibee qaamaa qabaniif kan isaan hin rakkisne tahuu qaba.

### Hamilatni (project) kun yoom jalqaba, yoom dhuma?

Hamilatni (Project) amma yoo jalabee jira tahe illee manneen ol gudguddoo hunda dulluma baasuu fi kan birootiin bakka buusuun yeroo dheeraa fudhata. Yeroo manni isaanii dulluma bahuuf darabeen bira gahamuu fi kan birootiin bakka buusamuuf qophii tahu kireeffatoota odeessa ni kenninaaf.

### Kireeffattootni yoom keessaa godaanuu qaban?

Kireeffattootni daddaffiidhaan keessaa bahuu hin barbaachisu.

Hamilatni (project) kun tartiibaan akkaataa aadaa fi haala kireeffatootaatiin wal fudhatuun - Aboriginalota Victoria , namoota jaarolee, namoota qaama dhibamtoota fi kireeffatoota addaa fi afaan gara garaa qaban wal simu tahee gaggeessama.

Bakka takka takkatti maal akka isaan barbaachisuu fi filatan hubatuuf kireeffatoota takka takka waliin dubbatuu jalqabnee jirra.

Akkuma kana kireeffatootni takka takka bakka jijjiirratuuf iyyata naqatanii jiran. Gartuun keenya cichomina qaban jiraatota kanneen waan isaan barbaachisuu fi filatan dhugoomsuufiif walitti siqeenyaan waliin dalagan.

### Yoo kreeffataan amma godaanuu barbaade akkam taha?

Jiraattotni tokko tokko tarii iyyata bakka birootti dabarsamuu naqatanii jiran taha. Bakka manoomni ummataa (public housing) jirutti fi waan jiraattotni barbaadan guuteefii jira yoo tahe jiraatota dabarsinee qubachiisuu irratti ni deggerra.

### Bakka haarayaa itti dabarsaman argatuu keessatti wanneen akkamiitu filatama?

Gartuun keenya cichominaa fi muuxannoo qaban kireeffattoota mata mataatti maal akka isaan barbaachisu hubatuuf waliin dubbatu. Kunis kan inni dabalu mana kutaa meeqa akka isaan barbaachisu, mana barmootaa naannoo isaaniitii ijoollee kan qaban yoo tahe, dalagaa naannoo isaaniitii dalagu yoo tahe, geejjiba ummataatti dhimma bahu yoo tahe, beyilda manaa qabu yoo tahe, ykn yoo dhibee dhukkubaatiif jecha tajaajila wallaansa fayyaa isaan barbaachisutti dhihaatuu qabu tahe hudna waliin dubbatu. Haallan kun hundi kireeffatootaaf filmaata kennaaf.

### Kireeffatoota bakka birootti dabarsuun kanneen darabee Galmeessama Manooma Victoria (Victorian Housing Register (VHR) eeggataa jiran irratti dhiibbaa ni qabaa?

Dhiibbaa Galmeessama Manooma Victoria (Victorian Housing Register (VHR) irratti qabaatu xiqqeessuuf jecha kireeffattoota bakka biroo qubsiisuun tarkaanfii eeggaannoo qabuu fi sadarkaa irra jiru horodofee gaggeessama.

Homes Victoria hanga bara 2026 manneen haarayaa 12,000 ijaaruu fi manneen haarayaa kanneenis carraa jiru baasuu, akkasumas akkaataa dalagaa keenyaa irratti hundoofnee kireeffatoota dabarsinee qubsiisuu jalqabuuf jirra.

### Bakka birootti jijjiiramuun kiraa manaa kaffalamu irratti miidhaa akkamii qaba?

Yeroo bakka birootti dabarsamuu fi manni ijaaramaa jirutti mirga kireeffattootaa ykn akkaataa kiraa if irraa baasan irratti jijjiiramni hin jiru.

### Homes Victoria deemsa bakka biraa qubsiisuu kana akkamiin gaggeessa?

Manneen gaarii tahe kireeffattootaaf dhiheessuuf isaan waliin hojjachuuf murteessannee jirra.

Gartuun keenya cichomina qaban:

- Waaée filmaata manaa irratti yeroo jalqabutti beeksisaa fi odeeffannoo bahaa tahe (odeeffannoo gara afaaniitti kan hiikame dabalee) kennuuf jirra.
- Kireeffattoota mata mataatti fi kan maatii isaaniis dabalee maal akka isaan barbaachisuu fi haala isaanii irraa dhagahuu fi hubatuu wal argina.
- Kireeffattota odeeffannoo, gargaarsa fi bakka biroo qubsiisamuuf filmaata qaban kennuufii
- Adda addummaa fi gara garummaa aadaa akkasumas imaammata kan akka Charterii Mirga Namoomaa (Human Rights Charter) kireeffatootni qaban akka furmaataatti dhimma kana keessatti ni dhugoomsana.